

# Akkamiin akka laalamtu

*Laalamuu babal'isuun daddabraa dhibee COVID-19 hordofuu fi suutessuuf akkaan barbaachisaa dha.*

Namootni mallattoo itti aanan kana kam illee tahu qaban COVID-19 akka laalaman gorsamu:

- Qaam-gubaa yookaan layidaa (yookaan mallattoo layidaa, dhaamochiisa yookaan halkan dafqisiisa dabalee)
- furreessaa
- qufaa
- dhukubbii/hoqsisa (itchy)laagaa keessaa
- afuura-kuta, yookaan dhandhama (taste)
- dhandhama (taste)yookaan foolii (smell) adda baasatuu dadhabuu.

Yoo baay'ee si dhukube yookaan afuura baasatuu dadhabde, **Duwwaa Sadeen (000)** bilbilii ambulansii gaafadhu.

## Laalamni maalfaa dabala?

Laalamni COVID-19 hojjetootni fayyaa funyaan fi laagaa kee keessaa haxaawanii fuudhu. Wannii

haxaawamee fuudhame laalamuuf ergama.

Hojjetootni fayyaa yeroo sitti dhihaatan uffata eeggannoof isaan gargaaru (protective equipment) haguuggoo fuulaa (facemask) fi kan ijaa (goggles) ni kaayyatu.

## Essattin laalamuu danda'a?

Bakki itti laalamtu tokko tokko baallama qabatuu yeroo si barbaachisu bakki hanga taate garuu baallama osoo hin qabannee karaa irraa itti gortee akka laalamtu si gargaaru (gabataa gadi jiru laali).

Kiliniki bakkaa bakka sosso'u kan COVID-19 itti laalamtu hawaasa takka takka keessa baadiyaa keessa ni jira.

Laalamuuf baallama qabatuuf Toora Gargaarsa bilibilaa Fayyaa Ummataa (Public Health Hotline): **1800 671 738** irratti bilbili.

BAKKA (LOCATION)	GUY YAA/SA'AA (DATE/TIME)	BAALLAMA (BOOKINGS)
<b>Burnie</b> 37 Marine Terrace (Portside)	8:30gn (am) –3:30 wb(pm) guyyaa hunda (daily)	Ballama qabatuu hin barbaachisu Itti gortee dabarta
<b>Devonport</b> East Devonport Recreation Centre (Kara John Street seenama)	7:30gn (am) –2:30 wb(pm) guyyaa hunda (daily)	Ballama qabatuu hin barbaachisu Itti gortee dabarta
<b>Hobart</b>	Yeroo hunda (Ongoing)	Baallama barbaachisa – Toora Gargaarsa Fayyaa Ummataa (Public Health Hotline): <b>1800 671 738</b> irratti bilbili
<b>Launceston</b> 246–248 Wellington Street	8:30gn (am) –3:30 wb(pm) guyyaa hunda (daily)	Ballama qabatuu hin barbaachisu Itti gortee dabarta

## Kiliniika Laalama COVID-19 Mootummaa Tasmania

Kiliniika Laalama COVID-19 Mootummaa Tasmania fakkiif kan gargaaru (laalamuuf) qofa walitti qaba. Hojjetootni fayyaa kilinikichaa gorsa fayyaa hin kennan.

Itti-bahi laalamaa yeroo hedduu sa'aa 48 keessatti beekama.

Kiliniika kun ijoollee umriin 18 gadiis ni laala.

Namoota Medicare hin qabne dabalee kilinika hundaaf tajaajila tola kenna..

## Qaam-dhibama (disability) laalamuu kee irratti tarii dhiibbaa uumu ni qabdaa?

Bakka kilinikaa dhaqaauuf rakkoo kan qabdu yoo tahe GP yookaan Toora Gargaarsa Bilbilaa Fayyaa Ummataa (Public Health Hotline) itti himi. Yoos kilinika siif tahuutti si qajeelchuu yookaan akka itti laalamtu haala siif mijjeessuu danda'au.

## Gara baallama laalamuu keetii deemuu

Namoota kaaniifis eeggannoo godchuun gaarii dha.

Mallattoo dhukubaa qabaattee yoo laalamtee fi carraan COVID-19 qabaatuu kee guddaa dha yoo tahe, baasii, taaksii yookaan konkolaataa nama kan biroo baatu waliin gara kilinikichaa hin deemin.

Namootni carraa balaa dhukuba COVID-19 qabaatuun isaanii guddaa tahe warreen:

- Guyyoota 14 dabran keessa nama dhibee kana qabu waliin walitti tuxuqaa qaamaa qabaatte yoo tahe
- Guyyoota 14 dabran keessa namoota Tasmania keessaa ala deemanii turan
- Hojjetoota bakka wal'aansa mallattoo dhukubaa yookaan qe'ee jireenya jaarolee (aged care) keessa dalagan.

Geejjiba ofiikeetii hin qabdu yoo tahe yeroo baallama kee qabattu GP kee yookaan Toora Gargaarsa Bilbilaa Fayyaa Ummataa (Public Health Hotline) itti himii akka itti gara kilinikii dhuftu irratti gargaarsa akka barbaaddu gaafadhu.

Sababa mallattoo dhukubaa qabaattee laalamte yoo tahe baruu ammo balaa yaaddeessaa miti yoo tahe konkolaataa dhuunfaan deemuun kee baay'ee gaarii taha, garuu ammo, geejjiba ummataa (baasii, taaksii yookaan namoota kaan waliin hirmaattee (rideshare) deemuunis ni TAHA.

## Yeroo laalamuuf deema jirtu:

- yoo qabaatte namoota kaaniif eeggannoo godhchuuf haguuggoo fuulaa yoo qabaatte keeyyadhu
- osoo mana irraa hin deemin ati fi namootni si waliin deeman harka keessan saamunaa fi bishaaniin (yookaan haxooftuu harkaa alkoolummaa qabuun haxaawwachuu, yoo harki keessan xurii miti tahe) dhiqachuu hin dagatinaa
- sii fi namoota kan biroo gidduu fageenya meetirii 1.5 wal irraa hiiqaa.
- yoo qofaatu/haxxifattu sirna eeguu yaadadhu
- ciqilee kee yookaan haxooftuu funyaanii (tishuu) keessatti haxxifadhu sana boodas harka kee sirnaan qulqulleessuu yaadadhu
- gara GP yookaan kilinikaa yerosuma sududaan (straight) deemi – yeroo itti dhaqaa jirtu yookaan deebi'aa jirtu karaa irraa hin maqin yookaan hin dhaabbatin.

## Odeeffannoo kanneen Viizaa kan yeroo qabaniif

Odeeffannoo dhimma laalama COVID-19 dhimma fayyaa ummataaf jedhamee ti malee dhimma viizaa kee waliin waan wal qabatu hin qabu. Yaaddoo ijoon Mootummaa Tasmania fayyaa kee fi akka dhibeen COVID-19 hin babal'anne dhorkuu dha.